Kutaa 4

# Ilmoo Tujaara

Leveled

Afaan Oromoo

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

# Ilmoo Tujaara

Kutaa 4

## Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

### Gaaffiilee dubbisuun duraa

1. Geejjebni aadaa naannawa keessan jiran maal fa'i?
2. Fardi maaliif fayyada?

## Boqonnaa 1: Gadaafi Guluffii Fardaa

Gadaan ilma Abbaa Bulloo yoo ta'u, Baddaa Horroo biyya fardeen itti wal horanitti dhalate. Maatiin Gadaa fardeen hedduu waan horsiisaniif, Gadaan ijoollummaa isaa irraa kaasee fardaan osoo gulufuu guddate. Ijoollota naannawa isaanii jiran keessaas fardaan gulufuudhaan kan isa dorgomu hinjiru.

Ogummaa farda gulufuu kanaan muuxannoo cimaa waan qabuuf Gadaan osoo fardi gulufaa jiruu garaa fardaa jala naanna'uun lafaa ulee fudhatee deebee irra kora ture. Ummanni naannawa sanaa guluffii Gadaa arges osoo hinraajeffatin bira hinkutu.

Gadaa muuxannoo farda  gulufuu kana kan barsiise abbaa isaati. Abbaan Gadaa geejjiboota aadaa kanneen akka harree, gaangeefi farda hedduu horsiisuun tajaajila adda addaaf oolcha. Abbaan Gadaa geejjiboota aadaa kanaan  meeshaalee adda addaa bakka bakkatti geessa.  Namoota geejjiba aadaa kanneen hinqabneef immoo ni'ergisa. Namoonnis fardeeniifi gaangolii Abbaa Gadaa geejjibaaf itti fayyadamanii gabaa, mana yaalaafi bakka dhimmoota gara garaa ittiin deemu.

Gadaan geejjiba aadaa abbaan isaa qabu kunniin keessaa fardaaf jaalala guddaa qaba. Gadaan fardeen isaanii kana ganamaan ka'ee bakka bultii isaaniitii baasuun bobbaasa. Marga dheedanii akkuma isaan quufaniin immoo lagatti oofee bishaan obaasa. Fardeen kunis kunuunsa Gadaan isaaniif taasisu kana irraa ka'anii hedduu isa jaallatu. Sagalee isaa fagootii yemmuu dhaga'an himimsuun itti deemu.

Gadaan fardeen  gulufsiisuuf yeroo barbaadu hanga inni koree gaama qabatutti fardaan dhaabbatanii eegu. Yeroo inni fiigichaaf qophaa'u immoo isa baatanii gulufuun bakka inni barbaade geessisu. Akka carraa ta'ee yoo inni irraa kufe dhaabbatanii isa eegu malee dhiisanii hindeeman. Gadaan fardeen kana gulufsiisaa kan oolu farduma tokkicha osoo hintaane akka isaan hindadhabnetti jijijjiireeti. Sababi Gadaan guluffii fardaatiin beekumsa addaa horates guyya guyyaan  fardaan gulufaa waan ooluuf.

Gadaan ijoollummaa isaatii kaasee iddoo gara garaa fardaan malee lafoo hindeemu. Manni barnootaas mana maatii isaarraa fagoo waan ta'eef, farduma yaabbatee deema. Farda yaabbatee deemes yeroo mana barnootaa ga'u, yoo inni gadi lakkise hanga inni ba'utti naannawa sana dheedu. Gadaanis yeroo mana barnootaatii ba'u farduma isaa kana yaabbatee gala. Gadaan barattoota qaamaan miidhamoo ta'aniifi deemsa dheeraa hindandeenye yoo arge duuba isaatti huddeellatee deema.



## Boqonnaa 2: Farda Gadaa

Maatiin Gadaaa jaalalaafi kabaja ilmi isaanii kun fardaaf qabu waan hubataniif, fardeen qaban keessaa haadhoo tokko dhuunfaa isaatti kennaniif. Farda kanas kan isaan Gadaaf laatan yoo isheen horte gurguruufis ta'e kireessuuf akka qabeenya dhuunfaa isaatti akka itti fayyadamuufidha. Gadaan, kennaa maatiin isaa dhuunfaatti isaaf laatan kanatti hedduu gammade. Farda sanas haalaan kunuunsee horsiisuudhaaf karoorfate.

Gadaan bakka bultii farda isaa fardeen maatii isaa irraa adda baase. Fardi Gadaa bakka bokkaan itti hinroobne, iddoo dhoqqee hinqabneefi bakka wal qixxaataa ta'ee ishee hinquuqne bulti. Manni fardaa kunis kan ijaarame citaafi muka irraa yoo ta'u, Gadaatuu haala kana mijeesseef. Gadaan haala kanaan mana ijaaree erga farda isaa itti galchee booda, ganna ganna immoo akka isheetti hinqorrineef manicha keessatti ibidda bobeessa.

Fardi Gadaa akkuma kunuunsa kana mara argatteen gabbataa deemte. Gadaanis jijjiirama qaamaa fardi isaa argisiifte kanatti hedduu gammade. Ammas kana caalaa gabbattee naaf haacimtu jechuunis guyyaa okaa haamee fiduun mana ishee keessa galchinaan halkan nyaataa bulti. Garbuufi soogiddas walitti makee bishaan waliin dhiyeessuufii jalqabe. Fardi Gadaas furdattee hanga arba geesse.

Gadaan maqaa farda isaa kana Galaanee jedhee moggaase. Maqaa farda kanaas namoota hundatu adda baasee beeka. Kanaafuu, yeroo farda Gadaa bira ga'an Galaane jedhanii waamu. Galaaneenis maqaa ishee waan beektuuf, yeroo ishee waaman gurra dhaabdee namoota ilaalti. Sagalee Gadaa immoo namoota hunda keessaa adda baaftee waan beektuuf yeroo Gadaan ishee waamu himimsaa itti fiigdi.

Farda Gadaa kan taate Galaaneen haala adda ta'een waan kunuufamteef ilmoo dheeratu dhalte. Furdinni isaas roophii bishaan abbayyaa fakkaata. Gaafa Galaaneen ilmoo fardaa kana dhaltu namoota hedduutu itti naanna'ee daawwate. Fardi ilmoo hanga kana guddatu dhaluun naannawa sanaaf isa jalqabaati.



## Boqonnaa 3: Wal Hormaata Farda Gadaa

Gadaan ilmoo fardaa dhalate kana akkuma haadha isaatti kunuunsee guddise. Ilmoon fardaa sunis furdina qaamaafi dheerinaan kan haadha isaa caalu ta'e. Gadaan ilmoo fardaa guddate leenjisuun gulufsiisuu jalqabe. Yeroo leenjifamus humna cimaa waan qabuuf, Gadaa hedduu rakkise. Kanaafuu, Gadaan miila farda sanaa walitti hidhuun sakaalee kora. Haala kanaanis yeroo dheeraadhaaf isa leenjise.

Fardi Gadaa ammas itti dabaluun gaangee dhalte. Gaangee isheen dhalte kunis hanguma farda sanaa kan guddatu ture. Haaluma kanaan fardi Gadaa waggoota muraasa keessatti gaangeefi fardeen hedduu horte. Ilmooleen ishees wal horanii dallaa guutan. Gadaan abbaa qabeenyaa gaangeefi fardeen hedduu ta'uun beekame. Namoonni adda addaas gaafa gaddaafi gammachuu isaanii Gadaa irraa kireeffatanii bakka adda addaa ittiin deemu.

Kanneen hojii daldalaa irratti bobba'anis meeshaalee adda addaa itti fe'anii gabaaf dhiyeessuun galii guddaa Gadaaf galchu. Gadaan maallaqa gaangeefi fardeen ittiin kireessu kana walitti qabee gaangeefi farda biroo ittiin bita. Yeroo muraasaan booda, gaangoliifi fardeen Gadaa waan heddummaataniif, lakkoofsa isaaniiyyuu adda baasuu dadhabe. Namoota naannawa isaaniitti duraan dureeyyii jedhaman marayyuu caaluudhaan ilmoo tujaara jedhame.

Gadaan jalqaba irratti haadhoo fardaa maatiin isaaf laannaan horte sana Galaanee hedduu jaallata. Akkuma moggasa maqaa ishees fardeeniifi gaangee isheen horte heddummaatanii galaana ta'an. Kanaafuu, maddi qabeenya isaa Galaanee waan taateef, yoo isheen dhibamteefi huqqatte baay'ee gadda. Haata'u malee, Galaaneen baroota dheeraa turtee waan dulloomteef yeroo hedduu dhibamtee isa yaaddessiti.

Gaaf tokko Galaaneen guyyaa kaloo dheedaa oolte galgala galte. Gadaanis mana citaa isheef ijaaretti galchee gara mana isaaniitti gale. Yeroon isaas Ganna waan tureef, bokkaan cimaa roobuufi dukkanni wal fudhatee waraabessaaf da'oo guddaa ta'eera. Manni citaa Galaaneen keessa bultus waan dulloomeef haala salphaa ta'een kan waraabessa galchu ture. Gidaara manichaafi dagalee isaatuu bututuun caccabee qaawwa qaba.

Akkuma Gadaan Galaanee galchee mana isaaniitti galeen bokkaan yandoon roobe. Bubbeen bokkaa kanaan wal makatee bubbisus waan namarraa mana diigu fakkaata. Dukkana roobaa kanaan yoo gadi ba'anis bubbeen isaa lolaa lola'utti waan nama maku fakkaatee sodaachisa. Bokkaan cimaa roobu sunis bubbeedhaan kabalamee balbala manaa irratti roobuun manatti lola'a. Saroonni naannawa manaa jiranis irra deddeebi'anii dutuun bokkaafi bubbeetti dheekkamu.

Gadaan haala qilleensaafi dutiinsa saroota sanaa dhaga'ee waa'ee gaangeefi fardeen isaa yaade. Keessumaayyuu, "manni Galaanee bubbee hamaa kanaan itti jigaa laata?" jedheeti yaada. Bokkaan akkuma xiqqoo qaqallateen sagaleen baayyee Gadaa rifachiisu tokko dhaga'ame Sagalee gadoodu, sagalee du'aaf afuurri keessaa yaa'aa jiru fakkaatuti gurra isaa seene. Xiqqoo turees waraabessa gaara gamaa gamanaatii waljalaa qabee yuusu dhaga'e.



## Boqonnaa 4: Farda Gadaafi Balaa Tasaa

Gadaan yeroo sagaleewwan kana dhaga'u manaa gadi ba'e. Akkuma inni manaa ba'eenis waraabessi isuma biraa sagalee isaa ol fuudhee waawuu... jedhee yuuse. Ammas utuma hinturin sagalee farda muddamtee jirtuu dhaga'e. Yeroo kanas farda isaa Galaanee ishee qabeenya hedduu itti horte sana waraabessi kan nyaachaa jiru ta'uu isaa hubate. Itti deemee waraabessa sana Galaanee irraa baasuuf waan sodaateef gara manaatti deebi'e.

Akkuma mana ga'een waraabessi Galaanee nyaachaa jiraachuu isaa obboleettii isaa kan taate Doocceetti hime. Doocceen amma kana achi hindeemnu, yoo deemne waraabessichi nuunis nu nyaata jechuun mala tokko malte. "Waraabessi sagalee qawwee nisodaata; haata'umalee, nuti qawwee waan hinqabneef, gadi baanee qaccee haadhukaasnu," jette. Battalumas Doocceen gadi baatee qaccee si'a sadii wal irratti dhukaaste.

Waraabessichis yeroo sagalee qaccee kana dhaga'u qawwee natti dhukaasu se'ee 'Waawuu...' jechuun yuuse. Akkuma xiqqoo tureenis naannawa sana irraa baqatee bade. Gadaafi Doocceen gara fardaatti fiiguun yoo achi ga'an waraabessichi mana cabsee Galaaneetti seenuun luka ishee tokko qabatee gar-malee miidhee jira. Galaaneen ija Gadaa keessa ilaaluun ciistee yeroo isheen gadooddu, Doocceen ilaaltee boosse. Gadaan immoo naasuudhaan qaamni isaa adoodee waan dubbatuufi dhiisuyyuu wallaalee jira.

Gadaan naasuu akkanaa na'uun isaa isa jalqabaati. Booda garuu jajjabina Doocceen isaaf taasifteen xiqqoo ishee of bare. Yeroo kanas farda isaa Galaanee ilaaluun imimmaan lakkuu gadi yaase. Obboleettiin isaa Doocceen callisanii booyuun furmaata waan hinqabneef amma gargaarsa farda kanaaf taasisuu qabnutti haayaannu jette. Sanaan booda, bakka waraabessi cuffate sanaan dhiigni akka hinyaane huccuu manaa fiduun ittiin hidhan. Battalumas dhiigni dhiigaa ture sun nidhaabbate.

Gadaan farda isaa Galaanee biraa hingalu jedhee achuma ciisaa bule. Ganama yeroo lafti bari'u immoo Galaanee lafaa ol qabanii dhaabachiisan. Haata'u malee, akka Galaaneen bakkaa bakkatti deemuu dandeessu deggarsa taasisuufii hindandeenye. Kanaafuu, ogeessa naannawa isaanii jiru haasofsiisuun bakka isheen dhaabattee jirtutti akka inni yaalu gaafatan. Ogeessichi immoo bakka fardi sun jirtutti deemee yaaluuf maallaqa muraasa isaan gaafate.

Gadaan atumti farda koo Galaanee naaf fayyisi malee maallaqaaf rakkoon hinjiru; gatii ogummaa kee farda tokkon siif kenna jedhe. Ogeessichis yaada isaatiin walii galuun dawaafi meeshaalee barbaachisoo ta'an fudhatee deeme. Yeroo achi ga'us madaa Galaanee dhiquun dawaa adda addaa itti naqee lilmee waraane. Oolee yoo bulu madaan  Galaanee qooraa dhufe. Galaaneen isa luka fuutee deemuu hindandeenye tirachuutti kaate.

Yeroo booda deggarsa ogeessaafi kunuunsa Gadaan galaaneef taasiseen haadhoon fardaa sun nifayyite. Gadaanis ogeessa ishee yaale sana hedduu galateeffachuun kun gatii ogummaa keeti jedhee farda tokko kenneef. Ogeessi sun immoo ani farda ati naaf laatte kana hinfudhadhu; qarshii muraasa naaf kaffali jedheen. Gadaanis gatiin wal'aansa farda kootii ammana akka hingeenye nanbeeka. Garuu farda kana kan ani siif kenne gammachuu fardi koo fayyiteefan si badhaase jedhe.

Ogeessichis  ogummaa keenyaan nama tajaajiluun dirqama keenya waan ta'eef, ani farda kana sirraa hinfudhu jechuun qarshii muraasa irra fudhatee deeme. Gadaanis, "Fudhadhu!" jechuun kadhatee waan dadhabeef qarshii digdama inni gaafate isaaf kennuun galateeffate. Galaaneenis haala kanaan fayyitee fardeeniifi gaangolii horte sana waliin kaloo dheeduu eegalte. Gaafa isheen fayyitee fardeeniifi gaangolii hortetti makamtus itti fiiguun himimsanii ishee simatan.

Galaaneen dulloomtee dhaluu baattuyyuu fardeeniifi gaangolii Gadaatti makamtee dheeduun faayidaa guddaa qaba. Galaaneen farda buulettii waan taateef, lafa kaloon gaarii jiru adda baastee beekti. Fardeeniifi gaangoliin kanneen biroos ishee hordofanii deemu. Yoo isheen gangalatte nigangalatu; yoo isheen dhaabatte nidhaabatu; yoo isheen bishaan dhuguu deemtus waliin deemu. Kanaafuu, fardeeniifi gaangolii Gadaan qabu mara iddoo gaarii oolchuudhaan galgala fuutee galuu irratti faayidaa Galaaneen qabdu guddaadha.

Gadaanis miidhama Galaanee kan inni hinjaallanneefi akka namaatti kan inni ishee ilaalu sababuma kanaafi. Kana malees, beelladoota kana mara horachuun ilmoo tujaara kan isa jechisiise galaaneedha. Galaaneen bu'uura qabeenya Gadaafi  utubaa jiruufi jireenya isaati. Ilmoolee isheen horte geejjibaaf fayyadamee iddoo barbaade oolee gala. wantoota adda addaa itti fe'uun gabaatti dhiyeessee gurgura; waan manaa hinqabne immoo gabaa irraa bituun itti fe'ee gala.

Yoo maallaqa barbaades geejjibootuma aadaa kunniin kireessuun galii guddaa galcha. Namoota baddaadhaa gammoojjiitti gammoojjiidhaa baddaaiiti imaluu barbaadaniif kooraa itti fe'ee kireessaaf. Daldaltoota yookaan namoota biroo meeshaalee adda addaa geejjibsuu barbaadaniifis fardeeniifi gaangolii isaa kana nikireessa. Gaangoliifi fardeen Gadaa kunis Gannaafi Bona, dhoqqeefi hawwara osoo hinjedhiin, tajaajila geejjibaa kennuun namoota garaa ciibsu.

## Gaaffiilee dubbisuun boodaa

1. Farda gulufuu kan Gadaa barsiise eenyu?
2. Gadaan farda isaatiif kunuunsa akkamii godha?
3. Farda Gadaarra akkamiin balaan tasaa ga'e?
4. Farda horsiisuun faayidaa maalii qaba?

Torban 2
Kutaa 4

## Dhiibbaa Manca'iinsa Bosonaa

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 5
Kutaa 4

## Akaakuufi Faayidaa Geejjibootaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 6
Kutaa 4

## Ilmoo Tujaara

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 10
Kutaa 4

## Gargaarsa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 11
Kutaa 4

## Hojii Dhiiraafi Dubartii

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 13
Kutaa 4

## Daawwannaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 15
Kutaa 4

## Daawwii Garee

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 16
Kutaa 4

## Bishaan Daakuu

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 20
Kutaa 4

## Qusannoo Bishaanii

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 24
Kutaa 4

## Dhaamsa Haadhaa

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 27
Kutaa 4

## Haadha Bariisoo

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 27
Kutaa 4

## Gabaa Markaatoo

Leveled

Afaan Oromoo